
# Dinqii Yasuus



Kan barreeffame Edward Hughes
Kan ibsame Byron Unger; Lazarus; Alastair P.

Kan hiikkame Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com Po Box 32155,
Addis Ababa, Ethiopia

Story 40 of 60

Kan dagaagsame
E. Frischbutter; Sarah S.

**M1914.org**

**Bible for Children, PO Box 3, Winnipeg MB R3C 2G1 Canada**


Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus ta'ee
Maxxansiifacuu ni dandeessu.

Yesuu dinqii baayyee hojjete, Dinqii Yasuus hojjette dhugaatti Waaqa ta'uusaa agrsiiise. Dinqiin jalqabaa Yasuusiin ta'e dhugaatii cidha irratti mul'ate. Rakkoo gaafa cidhaa mudate. Haqina wayiiniitiin dinqiin ta'edha.



1

Maariyam haati Yasuus waa'ee rakkoo turee Yasuusitti himte, isa boodaan waan Yasuus jedhe hojjettooti akka raawwatan ajajje.



2

Dinqii Yasuus

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu

kan keessatti argamu

Matiyoos 8-9, Marqoos 1-2, 4
Luqaas 8, Yohaannis 2

"Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna."
Faarsaa 119:130

19

20

21

22

23

**Waaqayyo** wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne **ni beeka**. Adabbiin cubbuu du'a.

**Waaqayyo garuu guddaa nu jaallata**, kanaaf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus cubbuu keenyaaf akka fannoorratti du'uufi akka adabamuuf dabarsee nuuf erge. **Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee** gara Waaqaa ni deeme! Amma Waaqayyo cubbuu keenyaaf nuuf dhiisa.

**Cubbuu keerraa deebi'uu yoo barbaadde,** Waaqayyoon akkas jedhi: Yaa Waaqayyo Yesuus akka anaaf du'eefi amma deebisee jiraatu nan amana. Jireenya haaraa akkan qabaadhee bara baraaf Si wajjin akkan jiraadhuuf maaloo gara jireenya kootti koottuutii cubbuu kootiif naaf dhiisi. Akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.
Wangeela Yohaannis 3:16

**Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu!**

Afaan Oromoo


"Bishaan gaanota kanatti guutaa," jedhe Yasuus. "Bishaan?" jechuun gaafatan. Eeeyyee, bishaan Yasuustu barbaade .
3
Isa boo Yasuus gaanii isa guddaa keessaa dhamdhamaatii buusaatii cidha geggeessaa ittiin jedhe. Bishaanichis gara wayiniitti geeddarame. Wayinii gaarii! Wayinii hunda irra filatamaa.
4
Hojjettooti hin dinqisiifatan. Yasuu bishaan wayinittii geeddare. Waaqayyo qofatu gocha dinqii akka kanaa raawwata.
5
Yasuus dinqii biraa hojjete. Halkan guyyaa tokko Yasuusii fi duuka buutoti isaa gara mana Pheexiroos dhaqan. Harmeen haadhamanaa Pheexiroos dhukkuba ulfaataa ta'e dhukkubsachaa jiru.
6
Yasuus Harka dubatii dhukkubaa jirtu tuqe. Battalumatti fayyitee Yasuusiif duuka boota isaa tajaajiluu eegalte.
7
Galagala sana guutummaan magaaluchaa balbala duratti walitt qabaman. Namoota dhukubsatan, duudaa, naafa deemuu hin dandeenye fi namoota seexanaan waliin jiraachaa jiran daandii Yasuusitti dhiphisan. Yasuus isaan in gargaaraa?
8
Yasuus ilmi Waaqayyoo gargaaraadha. Yasuus isaan gargaare. Kan gara isaa dhufan hundumtuu in fayyan. Namootii namaan harkifamanii dhaqan, bara dheeraaf kan dhukkubsachaa turan deemuu fiiguu fi utaaluu danda'an.
9
Namooti lamxii qaban biroonis gara Yasuus dhufan.
10
Fayyisuu Yasuusiin lamxii isaanii hundumaa irraa qulqullaa'an.
11
Dhiiraa fi dubartii seexanaan qabaman Yasuusiin fuuldura dhaabbatan. Seexanni isaan keessa akka isaan gad dhiisee deemuu ajaje. Akkuma Seexanni Yasuusiin sodaate abboomameefiin namootii callisuun gammachuun guutaman.
12
Namoota baayyee Yasuus duratti waliqaban cinatti namooti afur Yasuus akka hiriyaa isaanii gargaaruuf yaalaa turan. Haata'u garuu bira ga'uu hin dandeenye. Maal gochuu qabu?
13
Hiriyooti arfan amantii qaban namicha dhukkubsataa ol kaasanii baachuun guutuu manaa irraan addaan saaqaqii gara Yasuusitti gad buusan. Namichi dhukkubsataan amma Yasuusitti dhiyaate.
14
Namooti hiriyaa arfan amantii akka qaban Yasuus arge. Namicha dhukkubsataadhaan "Cubbuun kee siif dhiifameera" ittiin jedhe gooftaan Yasuus. "Siree kee fudhadhuu ka'ii deemi ittiin jedhe." Achumaan namichi ka'ee deeme, fayyummaansaa deebi'eef. Yasuus isa fayyise.
15
Battaluma sana, Yasuus duuka buutota isaa waliin bidiruu seene. Dambaliin galaanaa guddaan bidiruu garagalchu itti ka'e. Yasuus bidiruu keessa rafee ture. Duuka buutoti isaa sodaachuun Yasuusiin hirriba irraa dammaqisan. "Waaqayyo, nu oolchi," jechuun iyyan. "Nuti Duuneerra!"
16
"Dhaabbadhu" jechuun Yasuus danbalii galaanaa abboome. Battaluma inni abboomeen dambalichi bidiruu gara galchuuf ka'e cal jedhe. "Inni nama akkamiiti?" jechuudhaan duuka buutoti isaa sagalee hasaasuutiin walitti haasa'an. Dambaliin galaanaa fi galaanni illee kan isaaf abboomaman.
17
Dinqii inni hojjete ulfina isaa waan agarsiisuuf Yasuus akka ilma Waaqayyoo ta'e amanan. Duuka buutoti isaa isa hin beekan, garuu dinqii gurguddaa inni hojjechuun Waaqayyoon namoota biratti tajaajilaa akka jiru hubatan.
18